Waa'ee Qoricha Chloroquine phosphate 250mg/500mg
~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~

1️⃣.Qorichi Chloroquine maali ?
✍️Chloroquine~jechuun qoricha garee Farra dhibee bookee busaa fi farra maxxantuu ameebaa (Antimalarial and amebicide) jedhamuu ta'ee Inifeekshinii sababa maxxantuu bookee busaa waliinii fi maxxantuu ameebaatiin dhufu yaaluuf gargaara.

2️⃣.Qorichi Chloroquine rakkoolee fayyaa akkamii yaaluuf gargaara?
* Inifeekshinii sababa dhibee bookee buusaatiin dhufu ittisuu fi yaaluuf.
* Inifeekshinii maxxantuu ameebaatiin dhufu fi kkf yaaluuf gargaara.

3️⃣.Qoricha Chloroquine yaalaaf fudhachuun durati maali godhuu qabna?
✍️Namoonni alarjii qoricha Chloroquine ykn hydroxylchloroquine qabu qoricha kana yaalaaf fayyadamuu hin qabuu.
✍️Namoonni rakkoo fayyaa kutaa memibireenii ijaa kan ratinaa jedhamu irraa miidhama qabu qoricha Chloroquine yaalaaf fayyadamuu hin qabuu.
✍️Qoricha Chloroquine phosphate fayyadamuun onnee keenyarratii miidhaalee hamaa ta'aniif nu saaxiluu wan danda'uuf yoo rakkoleen akka onneen sardaan dha'achuu nurrati mul'atan hordooffiin yaala hatattamaa waliin namoota qoricha Kana fayyadamaniif kennamuufii qabaa.
✍️Qoricha kana yeroo fayyadamne booda osoo haala qoricha kanaa addaan hin baafannee konkolaataa konkolaachisuu fi hojiilee ciccimoo hoojjachuu irraa of qusachuu qabna.
✍️Yeroo Qoricha Chloroquine phosphate yaalaaf fudhachaa jirru Rakkooleen akka Ijaan sirriti arguu dadhabuu,xiyyeeffannoof rakkachuun,ijaan laallee dubbisuuf rakkachuu fi kkf nurrati mul'annaan qoricha kana yaalaaf fayyadamuu dafnee dhaabuu qabna.
✍️Akkasumas Qoricha Chloroquine phosphate doosii guddaan ykn yeroo dheeraaf yaalaaf fayyadamuun kutaa membireenii ratinaa ijaa jedhamu akka deebi'ee fayyuu hin dandeenyeti balleessuu wan maluuf qoricha kana ofi eeggannoon ogeessa fayyaa gaafachuun fayyadamuu qabna.
✍️Yeroo qoricha Chloroquine phosphate yaalaaf fudhachaa jirru qorichoota farra asiidii ta'an waliin walirra buusnee fayyadamuu hin qabnu qoricha Chloroquine phosphate yeroo fudhannee booda sa'atii 4 erga turree booda ykn sa'atii 4 qoricha Chloroquine phosphate osoo hin fudhatin dursinee fudhachuu qabna.
✍️Osoo qoricha Chloroquine phosphate yaalaaf fudhachaa jirru yoo qorichoota biroo kanneen akka qoricha.....
* Qoricha Cimetidine.
* Qoricha cyclosporine.
* Qoricha Mefloquine .
* Qoricha praziquantel.
* Qoricha tamoxifen.
* Qoricha Insulin.
* Qoricha dhibee sukkaaraa kan afaaniin fudhatamuu. Fi kkf yoo fayyadamaa jiraanne ogeessa fayyaatiif himnu malee callisnee qoricha kana waliin fayyadamuu hin qabnuu.
✍️Akkasumas yoo qoricha antibiotic Ampicillin jedhamu yaalaaf fayyadamne qoricha Chloroquine phosphate sa'atii 2 booda aansinee ykn sa'atii 2 qoricha kana dursinee
~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~

yaalaaf fayyadamuu qabna.
✍️Namoonni rakkoo fayyaa kan akka rakkoo dandeettii sirriti arguu dadhabuu ijaa sababa qoricha farra dhibee bookee busaa fayyadamuun dhufe qabu,dhukkuba onnee,rakkoo elementoonni qaama keessaa madaalawaa ta'uu dhabuun,dhukkuba sukkaaraa,dhukkuba tiruu, dhukkuba kalee,alkoolii fayyadamuu,rakkoo hanqina inzaayimii shanyiin daddarbuu ,hanqina inzaayimii shanyiin daddarbuu kan G6PD jedhamuu qabu ykn qabaachaa ture fi kkf qabu ogeessa fayyaatiif himu malee qoricha kana yaalaaf jalqabuu hin qabuu.
✍️Dubartiin ulfaa ykn ulfaa'uuf karoora qabdu ogeessa fayyaa gaafatu malee qoricha Chloroquine phosphate yaalaaf jalqabuu hin qabduu.
✍️Haati hoosiftu qoricha Chloroquine phosphate yaalaaf fayyadamuu hin qabduu.
✍️Qoricha kana iddoo hoo'a fi jiidhaa irraa fageeysinee kuusuu qabna.

4️⃣.Qoricha Chloroquine akkamiti yaalaaf fayyadamuu qabna ?
✍️Akkatuma ogeessi fayyaa nuuf ajajeti sirriti dhageeffannee fudhachuu qabna.
✍️Inifeekshinii dhibee bookee busaa ittisuuf Qoricha Chloroquine phosphate torbaaniirraa yeroo takka qofa guyyaa fi yeroo wal-fakkaataa keessa hanga torbaan lamaa erga fudhannee booda yeroo hamma iiddoo dhibeen bookee busaa jiru deemnee boodaas akkasumatii fudhachaa erga turree booda yeroo iddoo sanii deemnee boodaas hanga torbee 8 tiif fudhachuu qabna.
✍️Inifeekshinii dhibee bookee busaa yaaluuf Qoricha Chloroquine phosphate yeroo hunda guyyaa jalqabaa doosii guddaa tokko erga fudhannee booda guyyoota lamaan tartiibaan itti aanuuf doosii xiqqaan fudhachuun dhibee kana yaaluun ni danda'ama.
✍️Inifeekshinii dhibee Ameebaan dhufu yaaluuf Qoricha Chloroquine phosphate guyyoota lamaan jalqabaa doosii guddaa ta'een erga fudhanneen booda doosii xiqqaa ta'een hanga torbee 2 ykn 3 haala Inifeekshiniichaa irrati hunda'uun fudhachuun yaaluu ni dandeenya.

5️⃣.Qorichi Chloroquine miidhaalee akkamii fiduu mala/danda'aa?
* Gaggabdoo.
* Garaa kaasaa.
* Amalli jijjiiramuu.
* Haqqisuu/Lolloocuu
* Halkan arguu dadhabuu.
* Halluun rifeensaa ykn Gogaa jijjiiramuu.
* Sirriti arguu dadhabuu.
* Yeroo ifa argaan siaawuu.
* Dubbisuuf Rakkachuu.
* Memibireeniin ratinaa ijaa miidhamuu.
* Gurra keessaa sagaleen bilbilaa namati dhagahamuu.
* Dadhabii maashaalee qaamaa cimaa qabaachuu.
* Baay'inni Seelii dhiigaa hir'achuun tempireechari qaamaa dabaluu,hoollachuu,dadhabuu,afaan madaa'uu,gogaan madaa'uu,harki fi miilli qabbanaa'uu,hafuurri hanqachuu fi kkf mul'achuu fa'adha.
* Hammi sukkaara dhiiga keessaa hir'achuun mataan dhukkubuu,hurkuu,dheebachuu,onneen sardaan dha'achuu fi kkf mul'achuu fa'adha.

✍️Kanaafuu yeroo mallattoolee armaan olii kana ofirrati argine qoricha kana yeruma san fudhachuu dhaabnee hatattamaan gara mana yaalaa deemnee ogeessa fayyaa beeksisuu qabna.

Fayyaa ta'aa. Horaa bulaa.